# XIINXALA ERGAA SIRBA "KEENYA YEROON" JEDHU KAN YOOSAAN GEETAHUUN IRRATTI XIYYEEFATE

BANTII EEBISAA BAAYISAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR - AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

FULBAANA, 2014(2021)
FINFINNEE

# XIINXALA ERGAA SIRBA "KEENYA YEROON" JEDHU KAN YOOSAAN GEETAHUUN IRRATTI XIYYEEFATE

BANTII EEBISAA BAAYISAA

GORSAAN:  FILEE JAALLATAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR - AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII, KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

FULBAANA, 2014(2021)
FINFINNEE

# Bafata

Galata ... iii
Axereera ... iv
BOOQONNAA TOKKO:  SEENSA ... 1
1.Seenduubee Qorannichaa ... 1
1.2 Ka'umsaQorannichaa ... 3
1,3 Kaayyoowwan Qorannichaa ... 5
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 5
1.3.2 Kaayyoowwan Gooree ... 5
1.4 Barbaachisummaa qorannichaa ... 5
1.5. Daangaa qorannichaa ... 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ... 6
OQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUUILEE ... 7
2. Sakkatta'a Barruu Yaad-rimee: ... 7
2.1 Maalummaa Ogafaanii: ... 7
2.2. Faayidaa Og-afaanii: ... 8
2.2.1. g-afaan Akka Burqaa Beekumsaatti: ... 9
2.2.2.Og afaan Gama Xiinsammuutiin: ... 9
2.2.3.Og afaan Gama Guddina 0gbarruun: ... 9
2.2.4. Og afaan Gama Waa baruutiin: ... 9
2.2.5.Og afaan Gama Siyaasaatiin: ... 10
2.3.Amaloota Og-afaanii ... 10
2.3.1. Hurruubummaa: ... 10
2.3.2. Lufummaa: ... 11
2.3.3. Uummatummaa: ... 11
2.3.4. Yoomessa(yoom? eessa?) ... 11
2.3.5. Jijjiirama: ... 12
2.3.6. Sababa: ... 12
2.3.7. Hirmaannaa Jamaa: ... 12
2.3.8. Miidhagina: ... 12
2.4.Gooroowwan Ogafaanii ... 13

2.5.Gosoota sirbaa ........ 13
2.6.Maalummaa sirbaa ........ 13
2.7. Amala Sirbaa ........ 14
2.8. Haala Hawaasummaa ........ 14
2.9. Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii ........ 14
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO: SAXAXA QORANNOO ........ 16
3.1. Mala Qorannichaa ........ 16
3.2. Madda Ragaa ........ 16
3.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu ........ 16
3.3.1. Iddattoo Qorannichaa ........ 16
3.3.2. Iddatteessuu Qorannichaa ........ 16
3.3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa ........ 16
3.3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 16
BOQONNAA AFUUR: RAGAA XIINXALUU, DHIYEESSUU FI HIIKUU ........ 17
4.1. Xiinxala Odeeffannoo Yoomeessa Sirba "Keenya Yeroon" Jedhuu ........ 17
4.1.2. Xiinxala Odeeffannoo sakatta'a Dookumeentii ........ 17
4. 2. 1. Xiinxala Hiika Viidiyoo Sirbichaa Fi Aadaa Dhugaatiif Nyaataa ........ 17
4. 2. 2 Xiinxala qabiyyee Walaloo Sirbicharratti Dhihaatan ........ 19
4.2.3. Xiinxala Hiika Walaloo Sirbichaa ........ 22
4. 3. Faayidaa ........ 25
4. 3. 1. Eenyummaa Hawwaasichaa ibsuu ........ 25
4 . 3. 2 Jijjiiramaa Siyaasaa Agarsiisa ........ 25
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 27
5. 1. Argannoo ........ 28
5. 2. Yaboo ........ 28
Wabii ........ 1

## Galata

Duraan dursee uumaa, uumamaa isa na uumee, na jiraachisee na gargaaree sadarkaa kanaan na gaheef galanni haa ta'u.

Qorannoon kun akka galma galma gahuuf yeroofi beekumsa isaanii osoo hin qusatin gorsa ogummaa naaf kennaa kan turan gorsaa koo Dr. Filee Jaallataaf galata guddaan qaba. Hojiin kun gorsa keessaniin hojjetetamee galma naaf ga'e. Waqni umurii keessan naaf haa dheeressu.

Dabalataanis maatii koo osoo hin baratin akkan baradhee galma gahuuf na jajjabeessee,na guddisee sadarkaa kanaan na ga'e oobbo Eebbisaa Baayisaaf galanni koo kan onneeti.Harmee koo garaatti na baattee, deessee na guddistee anaaf jettee waan baayyee taateef Aadde Maaramee Kumarraafis galanni daangaa hin qabu.Waaqni umurii harraagessaa siif haa kennu.

## Axereera

Qorannoon kun kan irrratti geggeeffame xiinxala ergaa sirba keenya yeroon jedhu kan weellisaa yoosan Geetahuuniin bara 2018 maxxanfame irrattiidha. Kaayyoon qorannichaa ergaa sirba keenya yeroon jedhu xiinxaluu yoo ta'u, malli qorannoo itti dhimma bahame mala qorannoo akkamtaati. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaadha. Malli iddatteessuu qorataan dhimma itti bahe mala iddatteessuu miti carraa keessaa akkayyooti.

Malli funaansa ragaa qorannoo kanaa sakatta'a dookumentiidha.Dhuma qorannoo kanaa irratti sirbi ergaa dabarsuu keessatti humna cimaa waan qabuuf namoonni sirba maxxansuu barbaadan ergaa haala yerootiin wal qabatu irratti xiyyeeffachuun qopheessanii yoo dhiyeessan caalmaatti filatamaa akka ta'e ibsamee jira.

# BOOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.Seenduubee Qorannichaa

Afoollii dame og-barruu\ Fookiloorii tahee kan hawaasni itti fayyadamu sun muuxannoo jiruuf jireenya,Duudhaa, Rakkina jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsatuudha. Damee og-barruu kan isa taasisu akkuma maqaaa isaatuu “oral literature” jedhu kalaqa sammuuti.Akkuma og-barruu biroo kalaqa sammuuti, miidhagina kan qabuufi kan nama hawwatu; jechoota sammuu namaatti mi’aawwaniin kan qophaa’uu; og-barruu barreeffamaa irraa kan adda isa taasisu afaaniin kan dhalootarraa dhalootatti darbuu isaati. Inni biroo immoo kan nama dhuunfaa osoo hin taane kan hawaasa itti fayyadamu sanaati.

Damee fookiloorii kan isa taasisu immoo fookilooriin akaakuuwwan afur[4] of keessaa qaba. Doorsan[1972] yoo ibsu “Innis meeshaa aadaa , Duudhaa hawaasaa, Artii hurruubbii hawaasaafi Afoolaa afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta’ee baroota dheeraa sammuu dhalootaa keessaa burqee kan himamuudha” jedha. Afoolli aadaafi eenyummaa saba tokkoo kan calaqqisiisudha.Misgaanuun [2011] yaada kana yommuu ibsu “ Afoola beekuun aadaa beekuufi jiruuf jireenya dhuunfaafi hawaasaa beekuu irra darbanii of beekuudha” jechuun ibseera. Yaada kana irraa hubachuun kan danda’amus afoolli bu’aa ba’ii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsu ta’uu isaati. Geetaachoon [2015] yaada kana itti dabalees yoo ibsu “Afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa, duudhaa hawaasaa, seenaafi eenyummaa dhaloota darbee himamsa afaaniitin dhalootarra dhalootatti kan darbu ta’uu isaa” ibseera. Muuxannoofi beekumsi akkasumas hambaawwan dhaloota duraan jiraachaa turanirra har’a gahuu kan danda’an afoola akka ta’e hubachuu dandeenya.Waa’ee afoolaa Ruth Finnegan [2012] yommuu ibsitu “Hawaasni afoola isaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa isaa, rakkina jireenya keessatti isa mudate kan ittiin ibsatu qorannoo addaa addaa afoola irratti geggeessitee” jirti. Akka hayyuun kun ibsitetti afoolli duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta’ee baroota dheeraaf sammuu dhalootaa keessaa burqee kan himamuudha. Afoolli yoomessa murtaa’e keessatti kan qindaa’ee raawwatu akka ta’e ibsiteetti. Kanumarraa ka’uudhaan afoolli kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee yoomessa mataasaa kan qabuufi dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu akka ta’e hubachuu nii dandeenya. Afoolli beekumsi addaa addaa bifa sirbaan qindaahuun dhiyaatan,tartiibaan qindahaanii bifa seenaan qophahan yookiin taateewwan amantii ibsan kanneen seenessuudhaan yookiin faaruudhaan dhiyaatan fa’aa of keessatti hammata.

Namoonni fookiloorii irratti qorannoo geggeessan akka ibsanitti “Afoolli bifoota [akaakuuwwan] akka Weedduu jaalalaa, Faaruu ateetee, Weedduu gaa’elaa, Faaruu loonii, Geerarsa, Faaruu daa’immanii[ururuu], Jechama malleen dubbii, Durduriiwwan, Taphoota, Mammaaksota, Ragamtaa, Af-seenaafi hibboo kanneen biroo of keessaa qaba. Kanaafuu afoolli dame fookiloorii ta’ee Aadaa, Barsiifata, Muuxannoofi Taateewwan hawaasa tokko keessa jiran kan irra deddeebiin raawwatamu barreeffamaan osoo hin taane afaaniin[dubbiidhaan] kan lufu[darbu] jechuudha. Afoolli yoomessa murtaa’e keessatti kan qindaa’ee raawwatamu yommuu ta’u faaruuwwan tapha ijoollee calaqqisiisanis akkasuma yoomessa murtaa’e keessatti kan qindaa’ee raawwatu ta’a.

Hawaasni afoola isaatiin falaasamaafi akkaataa jireenya walii galaa irratti qabu kan ittiin ibsatuudha.Kanaafuu afoolli dubbii uummataa kan haalli waliigalaa muuxanoofi beekumsa keessatti walitti qabamanii ittiin har’a ga’aniidha. Afoolli umurii dheeraa kan qabuufi hawaasa kam birattuu fudhatama kan qabuudha. Uummanni Oromoo osoo sirni barreeffamaa hin eegalin dura seenaa,aadaa,duudhaa,eenyummaa, falaasama, amantii,siyaasaafikkf kan isaan ittin dabarsanii har’aan geessisan afoolaan. Lammii[1995] yoo ibsu ‘’Qabeenyiifi ogummaa dhalli namaa jireenya keessatti horate hedduu keessaa afoola’’ jedha. Afoolli gosa ogbarruu ta’ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbuudha. Gosti ogbarruu afaaniin daddarbu kunis gosoota adda addaa ofkeessaa qaba. Isaanis sheekkoo,mammaaksa,faaruu,geerarsa,sirba,oduu durii,weedduu,himamsa ijoolleefi kkf dha.

Ilmi namaa erga addunyaa kanarra jiraachuu jalqabee bubbuleera. Ooltee bultee isaa kana keessatti rakkoowwan kanneen lakkawwamanii dhumuu hindandeenye mudataa turaniiru. Haata’u malee, rakkoowwan kanneen ilmi namaa ogummaawwan uummuun jalaa miliqee har’a gahee jira. Haalli kunis ittuma fufaa malee waan dhaabbatu miti. Ogummaalee inni uummatee itti fayyadamaa ture keessaa ogafaanii isa tokkoodha. Ogafaan seenaa uummata Oromoo ibsuufi calaqqisiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuun (2011:6) yoo ibsu, “Afoolli ibsituu aadaafi calaqqistuu eenyummaati” jedha. Yaada kanarraa akka hubannutti ogafaanni sabni tokko aadaa akkamii akka qabuu fi mallattoo eenyummaa saba sanaa mul’isuuf gargaara jechuudha. Kanaafuu, ogafaans aadaa fi eenyummaa saba Oromooti.

Kana malees, ogafaan eenyummaa fi ilaalcha sabaa haala barumsa seenaafi qaroomina uummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biraarraa adda bahee itti beekamuudha.

Aadaa, duudhaa, barsiifata akkasumas seenaa dabarsuuf haala jireenya hawaasaa kan ibsitu afoolaadha. Yaada kana ilaalchisee Finnega (1970:81) afoola yeroo ibsitu, “Inspie of the veryreal significance of this variation of one striking charactaricits of oral district from writtenlife nature isverbale variability” jetti. Yaada kanarraa akka hubatamutti uummatni bal’aan osoo hin baratin hawaasni kan kuufate afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu akka ogbarruu barreeffamaa osoo hin taane afaaniin kan dabarfatanii fi kan dhaggeeffataman, fuulleetti bahanii hawaasni carraa waliif kennuun bifa afoolaatiin himamsa afaaniitiin kan dabarsan jedhuudha.

Egaa afoolli karaa hedduu ibsama, kanneen keessaas mammaaksa, oduu durii, geerarsa, hibboo sirbaa fi kkf yoo tahan qorannoon koo sirba irratti kan hundaa’e ta’ee xiinxala ergaa sirba ‘’Keenya Yeroon’’ jedhu kan weellisaa Yoosaam Geetahuunbara 2018 A.L.A maxxanfame irratti xiyyeeffata. Sirbi kun haala jiruuf jireenyua hawaasaa kan ibsuudha.

**1.2 Ka’umsaQorannichaa**

Sirbi karaa uummanni Oromoo aadaa,dudhaa,amantaa,gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsatuudha. Akkasumas miiraafi dhageettii hubannoo yeroo darbe haala yeroo ammaan walbira qabuun dhaloota itti anutti dabarsuudha. Sirbi aadaa Oromoo keessatti,yaada ibsuudhaaf bakka olaanaa qaba. Kanaaf sirbi kan namoonni waliin wal ta’anii yookaan qofaa isaanii haala ittiin sirba sana keessatti hammatamaniidha. Yaada kanarraa hubachuun akka danda’amutti,Oromoonni yaada isaanii walaoo sirbaatti fayyadamanii,yeedaloon miidhagsanii haala qalbii namaa hawwatuun ergaa isaanii ittiin dabarsaniidha.

Waanti raawwate yookiin raawwachuuf deemu tokko ga’umsa hindhabu. Ga’umsa gaarii qabaachuufis ka’umsa gaarii isa barbaachisa. Haaluma kanaan qorannoon tokko gaggeeffamuuf ka’umsatu barbaachisa.Qorannoon kun xiinxala ergaa sirba ‘’keenya Yeroon’’ jedhu irratti xiyyeeffachuun kan geggeeffamu yoo ta’u,qorataan qorannoo kanaas mata duree kana iorratti qorannoo akka geggeessuuf kan kakaase bu’aawwan ogbarruu Oromoo muiraasa irratti qorannoo geggeefamae sakatta’ee argus,bu’aa ogbarruu keessaa tokko kanta’e sirba ‘’keenya yeroon’’jedhu kana irratti qorannoon geggeeffame hanga qoraan kun qorannoo kanaaf filatate tti waan hin jirreef ta’uu isaati. Qorannoowwan bu’aa ogbarruu irratti geggeefaman keessaa tokko qorannoo qaaccessa ergaa fiilmii eelaa kan Taaddalechi Siisay Yuunivarsitii Finfinneetti[2009]geggeeffameedha. Xiyyeeffannoon qorannookanaas ergaawwan gurguiddoo fiilmiochi gama hawaasummaafi dingdeetiin dabarsuu danda’u irratti kan geggeeffameedha.

Innis sababoota mootolee darbaniitiin Aartiin Fiilmii Oromoo hanga barbaadamu guddachuu dhabuu isaatiin ergaawwan fiilmii hubatamuu dhabuu isaatiif qaawwaa jiru duuchuuf kan geggeeffame yoo ta’u,qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeena inni qabulamaanuu opgbarruu oromoo irratti kan geggeeffame ta’uu isaati.Garaa garummaa qorannoowwan kun qabanis, qorannoo Taaddalechi 2009 geggeessite fiilmii  afaan Oromoo irratti yoota’u,qorannoon kun garuu,xiinxala sirba afaan Oromoo ihrratti ta’uu isaati. Qorataan qorannoo kanaa qorannoo kana geggeessuun qaawwaa gama xiinxala ergaa ogbarruuwwan Oromootiin jiru guutuuf ga’ee isaa gumaachuuf jecha qorannoo kana akka geggeessu ta’e. Qorataanis akka ka’umsaatti fudhatee qorannoo tokko gaggeessuuf deemu keessatti afoolli uummata Oromoo karaa dhiibbaa adda addaa irraa kan ka’e laafaa dhufee ture. Kunis sirnoota darba keessa mootummoon garaagaraa aadaa, duudhaa, seenaa fi falaasamni Oromoo akka hin dagaagneef shoora olaanaa taphatniiru. Yaada kana ibsuuf Misgaanuun (2011:6), “Tooftaa habashoonni Afaan Oromoo balleessuuf baafatanii turan keessaa; afaan, aadaa, duudhaa, falaasama fi amantii hawaasa Oromoo balleessuudha” jedha.

Haata’u malee, hawaasn Oromoo aadaa, duudhaa fi seenaa isaanii ogafaaniitti gargaaramuun dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan turaniidha. Garuu mootummoota darban keessa ogafaan hawaasa kanaa dhaloota dhalootatti akka hin darbine dhiibbaa gochaa turaniiru. Yeroo ammaa garuu sababa babal’achaa fi dagaagaa deemuu barnoota Afaan Oromoo irraa kan ka’e ogafaan kunneen deebi’anii lubbuu horachaa jiru. Qorataanis lubbuu horachaa deemuu ogafaanii kana keessatti gaheesaa gumaachuuf kaka’ee jira. Gama biraatiin  sirbi keenya  yeroon  jedhu  kun yoo bifa  barreeffamaatiin  taa’e waggoottan booda nama qorannoo  mata duree  kanaan walqabatu irratti  gaggeessuuf akka ka’umsaatti gargaaruu danda’a. Oromoon gosoota afoolaa hedduu qaba. Isaanis; oduu durii, mammaaksa, hibboo, ciigoo, geerarsa, sirbaa fi kanneen kana fakkaataniidha. Gosoota afoola Oromoo keessaa sirbi isa tokko ta’ee afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu kuufama aadaa Oromooti. Akkasumas ergaan isaa dargaggootas ta’e ga’eessota kan hawwatu muuxxannoo hawaasa tokkooti. Yaada kana ilaalchisee Misgaanuu (2003-11) wabeeffachuun yoo ibsu”Sirbi aadaa gosa ogwalaloo ta’ee gooroo ogafaanii durii keessaa ture ykn jiruudha.” Kana malees Nagariin (1995) sirba yoo ibsu” sirbi yeroo baay’ee jechoota filatamoo fi gaggabaaboon ergaa bal’aa ta’e kan dabarsuu danda’uudha” jedha. Qacceessa qabiyyee faaruu loonii irratti bara (2008) gageesseera.

Walumaa galatti,qorannoon kun xiinxala  ergaa srba Yoosan Geetahuun ‘’ Keenya Yeroon’’ jedhu irratti xiyyeeffachuun kan geggeeffamu ta’a.Haaluma kanaan qorannoon kun geggeeffamee yeroo xumaramu gaaffilee bu’uuraa gaditti dhiyaatan kanaaf deebii nikenna jedhamee eegama.Gaaffileen kunniin:

- Sirbi "keenya yeroon "jedhuu yoomeessa akkami keessatt sirbama?
- Sirbi "keenya yeroon "jedhuu ergaa akkam akkami qaba?
- Sirbi "keenya yeroon " jedhu Faayidaa akkamii qaba?
- Sirbi ‘’keenya Yeroon’’ jedhu ija siyaasaafihawaasummaan yoo ilaalamu maalfakkaa fakkaata.

**1,3 Kaayyoowwan Qorannichaa**

**1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa xiinxala ergaa sirba “Keenya Yeroon”kan Yoosaan Geetahuun xiinxaluu ta’a.

**1.3.2 Kaayyoowwan Gooree**

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- sirba “Keenya Yeroon” jedhu yoomessa lnni keessatti sirbamu adda baasuu
- Ergaa sirba “Keena Yeroon” jedhu qabu tarreessuu
- sirbi “Keenya Yeroon” jedhu Faayidaa inni qabu ibsuu

**1.4 Barbaachisummaa qorannichaa**

Qorannoon kun yemmuu gaggeeffamu faayidaa armaan gadii ni kenna jedhamee eegama.

- Qorattootni kanaan booda mata duree kanaan walqabatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka’umsaa fi ragaatti tajaajila.
- Barattoota qorannoo biraa sirba xiinxaluu irratti gaggeessaaniif bu’uura godhachuun qorannoo kan biraa adeemsisuu danda’u.

**1.5. Daangaa qorannichaa**

Hojii qorannoo tokko bu’a qabeessa taasisuuf akkasumas odeeffannoo gahaa ta’e tokko argachuuf qorannichaaf daangaa kaa’uun barbaachisaadha. Kunis bajetaa fi yeroo akka qusatuuf yemmuu ta’u; qorannichaafis odeeffannoo qulqulla’aa ta’ee fi ifaa ta’e argamsiisuudhaaf gahee

olaanaa qaba. Kanaafuu, qorannoon kun sirbarratti daanga'a.Sirba keessa immoo xiinxala ergaa sirba "Keenya Yeroon"jedhu kan Yoosaan Geetaahuun irratti ta'a.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti hanqinoonni tokko tokko qorataa mudachuu danda'u. haaluma kanaan wal qabatee qoraataa kanas hanqinoonni mudatan:- yeroo qorannoon kun itti gaggeeffame yeroo barnootaa waan ta'eef yeroo ga'aa dhabuudha. Haa ta'u malee qorataan kun yeroo boqonnaa isaatti gargaaramuudhaan qorannicha galmaan ga'ee jira. Hanqinni biroon immoo kitaabilee wabii ga'aa dhabuun,na mudateen ergiifaachuun galmaan ga'eera.

# OQONNAA LAMA: SAKATTAA BARRUUILEE

## 2. Sakkatta'a Barruu Yaad-rimee:

### 2.1 Maalummaa Ogafaanii:

Ogafaan dhalootaa dhalootatti kan darbu ambaa uummataa kan ta'ee fi qabeenyaa dhalli namaa yaada ittiin isatuudha. Akkasumas waliigaltee dhala namaa keessatti gahee guddaa kan qabuudha. Dabalataanis amalli luufummaa isaa afaaniin kan ta'eedha. Waa'ee yaada kanaa Dirribaan (1998:157) yemmuu ibsu "ogafaan haala jiruu fi jireenya dhaloota darbee kan ibsuu fi daawwitii aadaa, seenaa fi jireenya darbeeti" jedha.

Og-afaan kan jedhu isa afaan ingiliziitiin "oral literature" jedhu bakka bu'a. Uummata kamiifuu og-afaan yookiin dubbatamni isa hangafa. Misgaanuun (2011:23) yoo ibsu"Wantoonni afaaniin dubbatamaa as ga'an kunneen hanga gaafa gara barreeffamaatti dhufaniitti jijjiirama garaagaraa keessa darbanii as gahan" jedha.Moggaasni og-afaaniif kennaman hedduudha. Isaanis: Afoola, Og-afaan, Og-barruu afaanii, Artii afaanii, Og-barruu hin barreeffamin, Og-dubbiifi maqaa biraa yeroo itti waamantu argama.

Wanti afaaniin lufaa dhufan kun seenaa, Eenyummaa, Falaasama, Ilaalcha hawaasa, Duudhaa, Amantii, Safuu, Dinagdee, Siyaasa uummatichaa, Beekumsa, Muuxannoofi akka waliigalaatti jireenya dhala namaa baataniituu as gahan.Og-afaan yeedaloon kennamuufis,dhiisus oguma hawaasni durii kaasee waliin as gahee nutti kenneedha.

Og-afaan saba tokkoo dhalli namaa naaf haa ta'u jedhee qooqa isaatti fayyadamuun eenyummaa isaa, yaada, fedha,amantaa, aadaa, duudhaa mo'uufi mo'amuusaa, deggersaaf diddaasaa kan kana fakkaatan dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture, umurii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati. Og-afaan gargaaramnee haala jiruuf jireenya keessa jirruu qeequu, madaaluu, deeggaruufi mormuu dandeenya.Amalli namaa marti og-afaan keessatti waan ilaalamuuf isa darbe ittiin yaannee isa dhufuuf of qopheessina. Misgaanuun (2011:25) yoo ibsu "Laafinniifi gabbinni kan ittiin qoratamu, dargaggoonniifi daa'imman kan ittiin gorfamanis og-afaaniini" jedha.

0g-afaan yeroo jalqabaaf ebeluutu kanayookiin sana jedhe jechuun nama rakkisa.Kanatu qabeenya hawaasaati isa jechisiise.

Haa ta'u malee namni uumamaan dandeetti waa kalaqqii qabu tokko kalaqeetu yaadateemmoo hawaasaaf dabarsuunsaaa ajab nama jechisiisa. Og-afaan hojii dhuunfaa irra darbee kan gareeti. Kana jechuun og-afaan tokko kan jedhamu yoo ta'e, kan itti jedhamus jira jechuudha. Kan

geeraru yoo jiraate, kan jalaa qabus jiru, kan mammaaku yoo jiraate, kan itti mammaakamu jira, kan sirbu tokko yoo jiraate, kan itti sirbamus ni jira.

Og-afaan keessatti hawaasni wal oonnachiisuufi wal jajjabeessuun ga'ee isaanii taphatu. Misgaanuun(2011:25) yoo ibsu, "Hojiin garee gosa og-afaanii tokko keessa jiruu kan isa kaanii faana garaagarummaa qabaachuuti mala"jedha. Og-afaan damee garaagaraa qaba. Isaanis: haala hololaafi seenessuutiin,unka gaggabaaboo kanneen qabaniifi bifa og-walaloon kanneen dhiyaataniidha. Haala hololootiin kan dhiyaatan keessa, Oduu durii, Af-seenaa yoo ta'an; kanneen unka gaggabaaboon dhiyaatan immoo hibboofi mammaaksaadha. Bifa walalummaa kan immoo: Geerarsa, Faaruu loonii, Urursa daa'immanii, Sirba jaalalaa(weedduu geelloo), Faaruu ateetee, Weedduu asmaarii, Weedduu gaddaa, Walaloo mootota qeeqan, Weedduu seenaa, Kan abaarsaa,Kan eebbaafi Weedduu amantii maqaa dhahuun ni danda'ama. Hibboofi mammaaksa keessallee kan unka walalummaa qaban ni jiru. Misgaanuun (2011:27) yoo ibsu, "Walii galtee saba tokkoo keessatti iddoo guddaa kan qabu og-afaani" jedha. Hawaasni kamuu odeeffannoo dhaloota darbee kan argatu afaaniin daddarbaa kan dhufe irraa yoo ta'u, kunis ga'ee og-afaanii garsiisa. Walumaa galatti og-afaanii qabeenya uummataati jechuun ni danda'ama.

**2.2. Faayidaa Og-afaanii:**

Og-afaan bifa qorannootiin saayinsaawwaa taasisanii ol kaa'uu faayidaa qaba. Keessumattuu uummanni oromoo baayinaan akka cirracha galaanaa ta'e kun og-afaan akka galaana lafa uwwisuu danda'an kan qo'annoof qorannoof hin saaxilamin jiran heedduu of gidduuti qaba. Og-afaan uummata tokkoo qo'achuun kallattiis ta'e, kallattiin ala keessa jireenya uummatichaa qo'achuu waan ta'eef, eenyuummaa uummatichaa og-afaansaa keessa baha. Misgaanuun(2011:33) yoo ibsu,"Og-afaan keessa humni eenyummaa saba tokkoo ibsu waan jiruufiidha" jedha.

Hawaasa og-barruun fagaates ta'e og-afaanitti kan hin gargaaramne hin jiru. Uummanni oromoo garuu og-afaansaan kan badhaadheedha. Og-afaan barachuus ta'e, qorachuun hawaasa tokko caalaatti hubachuun seenaafi beekumsa labatarraa labatatti darbaa dhufe tursuuf gahee guddaa qaba. Manni barumsaa ammayyaa kun osoo hin dhufin hawaasni daa'imman isaaa waa'ee Safuu, Seenaa, Seera,Duudhaa, Aadaafi afaansaa og-afansaatti gargaaramee barsiifachaa ture.Faayidaa og-afaan qo'achuun qabu muraasa isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

### 2.2.1. g-afaan Akka Burqaa Beekumsaatti:

Seenaan beekumsa uummataa yookaan saba kamiyyuu mana yookaan lafa isaarraa jalqaba.Beekumsi uummanni oromoo kara miti idilawaa taheen dhaloota isaan gahaa ture,barsiifachaa jiru muuxannoo og afaansaa achi as kan dhufeedha.Haaluma kanaan jiruuf jireenya saba tokko kan ittiin calaqqisu aadaan og afaan uummatichaa yaabbatee labata tokkoo kan biraatti lufa.Misgaanuun(2011:34) yoo ibsu "Og afaan aadaa uummatichaa hundee godhateetu dhaloota haaraa waa'ee safuu ,duudhaa,jruuf jireenya kan oromoo durii oromo ammaatti hima jechuudha"jedha.

### 2.2.2.Og afaan Gama Xiinsammuutiin:

Falaasamni og afaan oromoo keessatti argamu xiinsammuu sabichaa waliin hidhata guddaa qaba.Oromoon yeroo hedduu og afaan isaatiin maree dubbii ulfaataafii gorsa hedduutiin badhaadhe walii isaatiin gaha.Jiruufii jireenya keessatti gaddaaf gammachuun,abdii argachuuf dhabuun, bilisummaaf dheebochuufii kan kana fakkaatan ni mul'atu.Misgaanuun(2011:|34)yoo ibsu"Mammaaksaan,oduu duriin,faarsaaf weedduun qabdee kan dhiphate boqochiisuun og afaani."jedha.

### 2.2.3.Og afaan Gama Guddina 0gbarruun:

Afaan saba tokkoo guddina og barruu isaa waliin deema.Ogbarruun saba tokkoo guddateera taanaan afaan isaas guddateera.Misgaanuun(2011)yoo ibsu"Og afaan wanta barreeffamuu tokko keessatti akka mi'eessituutti gargaara" jedha.Dhimmota barreessinuuf dubbannu keessatti og afaanota fayyadamuun dubbistoota yookaan dhaggeeffattota keenya barsiisuu dandeenya.Kunis miiidhagina waan of keessaa qabuuf ta'a.

### 2.2.4. Og afaan Gama Waa baruutiin:

Uummata kamiifuu osoo barnoonni ammayyaa hin dhufin dura akka madda barnootaaf beekumsaatti kan tajaajilaa ture og afaan isaati.Uummanni oromoos,aadaa,seenaa,seera ittin bulmaataafii kanneen biroo kan inni dhaloota haaraa ittiin barsiisaa ture og afaan isaatti gargaaramuuni.Og afaan aadaa fi duudhaa kuusaa muuxannoo hawaasaa kan jaarraa hedduu barsiisa.

Og afaan faayidaa barsiisuufii barnoota ammayyaa keessattillee shoora guddaa taphachaa jira.Fakkeenyaaf hiibboo yoo ilaalle dandeettii yaaduu,dandeettii herreegaa daa'immanii guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Og afaan daa'imman naannoo isaanii akka baraniif,akka ofis beekaniif,tokkummaa akka qabaataniif,waliif akka yaadaniifii nageenyi gidduu isaanii akka ta'uuf hedduu gargaara.Dabalataanis muuxannoo hawaasa darbanii warra amma jiraniif qooda.Kanaafuu og afaan sirna barnootaa keessa galee osoo bal'inaan kan tajaajilu ta'ee, burqaa beekumsaa isaa hin haalamu.

**2.2.5.Og afaan Gama Siyaasaatiin:**

Oromoon jalqabaa kaasee sirna ittiin wal waliisaa bulcha ture siyaasa dhuunfaa isaatii kan ta'e sirna gadaa qaba ture.Sirni gadaa kun kan oromoon dhalootaa gara dhalootaatti walharkaa fuudhaa ittiin yeroo kanaan walgaheedha.Sirni kunis sirna diimokiratawaa akka ture seenaan dubbata.Har'as

**2.3.Amaloota Og-afaanii**

Garaa garummaan bu'uuraa kan ogbarruu barreeffamaafi og afaan adda baasu hagas mara hin jiru. Haa ta'u malee og-afaan amala mataa isaa ta'e kan og-barruu barreeffamaa adda isa godhu qaba. Kunis og-barruun barreeffamaa kan barreeffamaan og-afaan garuu afaaniin darbuu yoo ta'u, jijjiirama agarsiisa; itti fufiinsas qaba. Haaluma kanaan namoonni garaagaraa dhimma amaloota og-afaanii irratti yaada garaagaraa ni kennu. Amaloonni kunniin gosoota og-afaanii hunda kan ibsan yoo ta'an, isaanis

**2.3.1. Hurruubummaa:**

Amaloota og-afaanii keessaa hurruubummaan isa tokko yeroo ta'u, og-afaan akka lubbuu horatu isa taasisa. Misgaanuun(2011:29) yoo ibsu "hurruubummaan jira jechuun og-afaan jira jechuudha"jedha. Og-afaan tokko raawwachuuf yookaan dubbatamuuf yoo xiqqate nama lama barbaada. Unkiifi qabiyyeen og-afaanii kan maddu akkasumas tajaajilarra kan oolu sababiiwwan keessatti irratti qabatamaan mul'atuufi. Haalli dhiyeenya isaas namoota sababii hawwaasummaa sanarratti argaman kan hirmaachisuudha. Hirmaannaan namoonni haala sana keessatti raawwatan hurruubbiidha.

Namni tokko gochaa og-afaanii yoo raawwatu aadaafi barsiifata hawaasichaa osoo gadi hin dhiisin bareedina akka qabaatu gochuuf ni kolfa,ni ka'a, ni ta'a, ni utaala,ni fiiga ni kolfa...dhaggeeffattoonni sagaleefi gochaan itti hirmaatu. Raawwiin yookaan hurruubbiiwwan aadaafi gosa og-afaaniirratti hundaa'uun haalli itti dhiyeenya isaanii garaagarummaa qabaachuu ni mala. Fakkeenyaaf geerarsa ajjeesaaf kan boo'ichaa gidduu akkataa hurruubbii garaagaraatu jira.

Irra caalaa gosoota og-afaanii nama tokkoon kan raawwataman miti.Fakkeenyaaf, oduu durii tokko himamuuf nami himu yookaan seenessuufi kan dhaggeeffatu jiraachuu qaba; kanaaf amalli kun amala isa bu'uuraati.

Hurruubban og-afaanii tokko jamaa fuulduratti yoo dhiyaatu qalbii daawwattootaa ofitti harkisa.Dandeettiifi ogummaan dhuunfaallee kan itti idaa'amee dhiyaatu ta'a.Hurruubbii kana keessas sochiin qaamota barbaachisanii marti akka hurruubaan sun eeyyameetti socho'u. Jamaanis hurruubaadhaaf sagaleefi mallattoo addaa addaa agarsiisuun oonnachiisanii hirmaannaa isaanii agarsiisu.

Misgaanuun(2011:30) yoo ibsu, "meeshaaleen aadaa hurruubbii og-afaanii taasifamu keessatti yeroo mul'atu argama" jedha. Fakkeenyaaf yeroo ajjeesaan geeraruun dhaadatu, faacha, eeboo yookaan qawwee qabata. Namni yeroo boo'ichi taasifamu suura, uffata, eeboo, qawweesaa mara

qabachuun garmaamanii boo'u. Walumaa galatti og-afaan humna gudhachuu kan danda'u, hurruubbaa, jamaa, ogummaa dhuunfaa nama hurruubu sanaafi meeshaaleen barbaachisan faana yoo qindaa'eedha.

### 2.3.2. Lufummaa:

Lufummaan haala og-afaan dhalootaa dhalootatti darbuun kan wal qabatuudha. Misgaanuun(2011)yoo ibsu,"0g-afaan bara kalaqamee eegalee hanga har'aatti utuu daddarbuu har'a gaheera" jedha. Dhaloota dhufuttis haaluma wal fakkaatuun darba.

Og-afaan karaa lamaan lufuu danda'a. Isaanis: Jechaafi Gochaani. Og-afaan akka hibboo, mammaaksa, oduu durii jechaan darbu. Kanneen akka sirbaa(geelloo,shaggooyyee), sirna ateetee, sirna buttaa jechaafi gochaan darbu.Misgaanuun(2011) yoo ibsu, " Gochaanis ta'u jechaan og-afaan qabeenya hawaasaa dhaloonni waliif dabarsuudh" jedha. Barsiifanni(duudhaa) haala uumamaafi namaan baduu danda'a. Fakkeenyaaf, uumamaan;socho'iinsa dacheen, namaan ammoo,dhiibbaa siyaasaan, amantiifi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.

Ibsa kana irraa kan hubatamu og-afaan bakka tokkotti yookaan dhaloota tokko biratti dhaabbatee kan hafu osoo hin taane, dhalootaa gara dhalootaatti kan darbuudha. Amala akkasiin lufummaa jenna. Misgaanuun (2011) yoo ibsu, "lufummaan laafnaan og-afaan miidhamaadha" jedha.

### 2.3.3. Uummatummaa:

Og-afaanitti kallattumaan kan fayyadamu uummata. Amalli og-afaanii kun abbaa qabeenyummaan kan wal qabatuudha. Haala jiruuf jireenyasaa, seenaasaa, aadaasaa kan ibsu hawwaasi tokko og-afaan mataa isaa ni qaba. Haa ta'u malee, abbaan og-afaanii eenyuun akka ta'e gaaffiin ka'uu ni mala. Yeroo jalqabaa namni kalaqu ni jira ta'a. Garuu amala lufummaa irraan kan ka'e dubbatamuun daddarba waan yeroo dheeraa tureef, adeemsa keessa irraanfatamuu ni danda'a. Misgaanuun(2011) yoo ibsu, "og-afaan kan nama dhuunfaa osoo hin taane kan uummataati"jedha.

Uummatummaa og-afaanii jechuun hawaasa irratti hundaa'ee aadaa, amantaa, seenaafi duudhaa hawaasichaa irratti kan bu'uura godhate jechuudha. Wanti tokko raawwatamuuf wanti irratti raawwatamu jiraachuu qaba. Fakkeenyaaf, lallabuf namni itti lallabamu, eebbisuuf wanta ittiin eebbisan, nama eebbisaniifi seerri ittiin eebbisan jiraachuu qaba. Kun kan hawaasni waliin qabuudha.Misgaanuun(2011)yoo ibsu," Mirga dhala namummaa nama hundatu gonfatee dhalate waan ta'eef namni gaafa dhalatu dandeettii afaanii qabateetu dhalata" jedha. Kun ammoo uummatummaa og-afaaniif iddoo guddaa qaba.

### 2.3.4. Yoomessa(yoom? eessa?)

Jechi kun, jechoota of danda'an yoomiifi eessa jedhu irraa uumaman. Isaanis yeroofi bakka wanti tokko itti raawwatu qaba. Isatu yoomessa jedhama. Yoomessi raawwii og-afaanii murteessaadha. Fakkeenyaaf, hibboon galgala, ibidda biratti, bakka miseensi maatii itti wal ga'anitti raawwata. Kana irraa hubachuun kan danda'amu og-afaan raawwii isaa ilaalchisee yeroo hundaafi bakka bakka hundaatti akka hin taane; yoomessa murtaa'e akka qabu qalbeeffachuun ni

danda'ama. Hawwaasa oromoo keessatti abaarsas ta'e eebbi, geerarsi ajjeesaas ta'e kan biroon yoomessa mataasaanii kana keessatti raawwatamaniif sababa maaliif akka raawwatan ni qabu. Yoomessi bakkaafi yeroo og-afaan tokko itti raawwatame qofaa osoo hin taane haala inni keessatti raawwate ibsa.

### 2.3.5. Jijjiirama:

Og-afaan dubbatamaan dhalootatti waan lufuuf jijjiirama garaagaraa keessa darbee as gahe. Inni weeddisus ta'e geeraru akka itti nama isa jalqaberraa dhaga'etti fuudhee kan dabarsu osoo hin taane, qabiyyeesaatti dabalaa yookaan kan isaatiin bakka buusuuni. Oduu durii oromoo tokkoo yoo fudhanne ilaalles akkatti namni jalqabaa seenessuun nutti himetti fuunee dabarsuun baayina jechoota achi keessa jiru irraan kan ka'e ni ulfaata. Ergaan isaa akkuma jirutti ta'ee haala ittiin dhiyaatutu jijjiirama, qabiyyee isaa keessaa hanga tokko hir'isuu yookaan itti dabaluu jechuudha. Kunis amala og-afaanii waan ta'eef jijjiirama kana to'achuun hin danda'amu. Egaa unkaan yookaan qabiyyeen geddaramuu og-afaan kanaatiin jijjiirama jenna.

### 2.3.6. Sababa:

Sababii amaloota og-afaanii keessaa isa tokko. Misgaanuun(2011)yoo ibsu,"Og-afaan tokko raawwatamuuf, sababa yookaan ka'umsa barbaada" jedha. Fakkeenyaaf, mammaaksa yoo ilaalle, namni mammaaku tokko calliseetuma hin mammaaku. Haalaafi yeroon wal qabsiisee dubbii, haalawaa keessatti itti gargaarama. Akkasumas sirbi cidhaa sababii sirbamuuf, kan akka fuudhaaf heerumaa ta'uu mala. Yeroo sana yoo sirbame malee hin bareedu. Kanaaf sababa kan ta'eef sirna tokko yeroo og-afaansaatti gargaaramee waan jechuu barbaade sababaaf haala keessatti jedhu qaba.

### 2.3.7. Hirmaannaa Jamaa:

Raawwii og-afaanii tokko jiraachuuf dhiisuu isaa irratti jamaa yookaan dhaggeeffataatu murteessaadha.Wayita hurruubbiin og-afaanii tokkoo taasifamutti namoota dhimmicha jalaa qabuuf yookaan oonnachiisuuf bakkichatti argaman kanaan jamaa ittiin jenna.

Fakkeenyaaf, yeroo cidhaa intala mana warraatii fuudhanii gara mana ofiitti yeroo galan weedduun weeddifamu ni jira. Hurruubdonni jalaa qabuun shubbisaati gara manaatti adeemu. Harki caalaan og-afaanii iddoo jamaan jirutti raawwatama. Oduu durii oromoos haa ta'u, taphni ijoollee, mammaaksis bakka jamaan jirutti kan raawwatuudha. Jamaan kunis bakka wanti nama gammachiisu jirutti kolfuun, bakka waanti nama gaddisiisu dhiyaatutti boo'uun miira keessa isaanii calaqqisiifatu.

### 2.3.8. Miidhagina:

Miidhaginni amaloota og-afaanii kan qalbiif yaada daawwataa dhaggeeffataa ofitti harkisuun ittiin danda'amuudha. Miidhaginni og-afaanii wantoota miira namaa harkisutti fayyadamuun aadaa hawaasa sanaa karaa ibsuun barreessinu yookaan dubbataman dabarsinuudha. Fakkeenyaaf, bareedina shamarree tokkoo yoo ibsuu barbaanne fuula ishee, Funyaan ishee,rifeensa ishee, Kilolummaa sagalee ishee...walaloo yoo fudhanne filannoo jechootaatti

fayyadamuun  miira namaa kakaasna. Haaluma kanaan og-afaan yoomessa kamiyyuu keessatti yoo dhiyaatu miidhagummaa gonfateeti. Uumamumaanis wanti og-afaan keesaa burqu

miidhagaadha. Kanatus gaafa og-barruu waliin laaqamu og-barruu miidhagina gonfachiisee dubbisaa ofitti harkisa

### 2.4.Gooroowwan Ogafaanii

Afaan gooroowwan garaagaraa of keessaa qaba. Isaanis kanneen akka hibboo, mammaaksa, durdurii, sirbaa fi faaruuwwan garaagaraa fi kanneen kana fakkaatan of keessaa qaba. Anis kanneen armaan olii keessaa xiyyeeffannoon koo sirbaadha. Siba keessaa immoo sirba “Yeroon Keenyaa” jedhu sirba weellisaa Yoosaan Geetahuun kan haala yeroo ammaa akka oromiyaatti jijjiiramaa jiru ilaalchisee sirbe irratti ta’a.

## 2.5.Gosoota sirbaa

Sirbi Oromoo gosoota adda addaatti qoodama.Isaanis, sirba yeroo ayyaanaa,

Sirba cidhaa, sirba jaalalaa, sirba gootummaa, sirba siyaasaa fi kana kana fakkaatuudha. Yaada kana ilaalchisee Summer (1997:41) yeroo ibsu, “The first classification of song is done according life very genesess. These are love songs, heroic song, storical song, festival song, religious song, satirical song belonging to multiple lifely types” jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti qoodiinsa sirboota Oromoo jiruuf jireenya hawaasichaa irratti hundaa’ee kan deemu ta’ee, sirbi oroomoo dame adds addaa qabaacghuu isaa kan agarsiisuudha. Kana keessatti waa’ee gootummaa, tikfattoota, sirba jaalalaa fi sirboota uummata tajaajiluu danda’aniidha.

### 2.6.Maalummaa sirbaa

Sirba jechuun qabeenya uummataa ta’ee kan uummatni yeroo gammachuu fi yeroo gaddaa hawaasni jiruu fi jirenya isaa keesstti waan itti dhagahamu itti ibsatuudha. Akkasumas, sirb aadaa muuziqaa fi hawaasaa kan ofkeessatti qabatuudha.Yaada kan ilaalchisee Misgaanuun (2011:75) Akkasumas, Gammachuun (2008:8) wabeeffachuudhaan yeroo ibsu:”Sibi karaa uummatni Oromoo barsiifata, duudhaa, amantaa, sirna waaqeffannaa, gaddaa fi gammachuu isaa ittiin ibsatuudha.” Yaada kanarraa akka hubatamutti, sirbi wantoota aadaan walqabatan akkasumas, gochoota amantaalee duudhaa adda addaa keessatti raawwatamanii fi waa’ee aadaan walqabatan ittiin ibsachuuf gargaara jechuudha.

### 2.7. Amala Sirbaa

Sirbi amala mataa isaa danda'e qaba.Waa'ee amala sirbaa ilaalchisee Nagariin (1995:4) Akkasumas Holman (1992:492) wabeeffachuun yemmuu ibsan, "sirbi kan miira namaa ka'aasu, onnee namaa baanbessuu fi amala garaa namaa raasu qaba jedhu." Yaada kanarraa akka hubatamutti sirbi miirri namaa waan tokkoof fedhii akka godhatuufi garaa namaa raasuun seenaa gaarii raawwatanii akka darbaniif ni gargaara.

### 2.8. Haala Hawaasummaa

Sibi tokko hawaasa keessatti callisee sirbama osoo hin taane haala hawaasummaa sana ibsuu fi akkaataa itti sirbamu kan mataa isaa danda'e qaba. Haaluma kanaan hawaasni sun gama dinagdee, siyaasaa fi amantaan maal akka fakkaatu ibsuuf sirbama. Yaada kana ilaalchisee Warquun (1993:51) yeroo ibsu, "Haala hawaasni sirba sana itti fayyadamu, eenyu akka itti hirmaatu, akkaataa sagaleen sun itti sagaleeffamuu fi hawaasichi waa.ee maaliif akka fayyadamu kan agarsiisu haala hawaasummaa sirbaati" jedha. Yaada kararraa kan hubatamu haalli hawaasummaa sirba hawaasa tokko keessatti faayidaa afoolli qabu kan agarsiisuudha.

### 2.9. Sakatta'a  Qorannoowwan Wal fakkii

Sakatta'a  qorannoo wal fakkii yemmuu jennu hojiiwwan yookaan qorannoowwan qorannoo kana waliin walfakkaatan sakatta'uudha. Qarannoo kana waliin kan wal fakkatu qorannoon kanaan dura taasifame keessaa tokko qorannoo  Sinnishawu Mul`ataan bara  (2003)  keessa mata duree "*Seenaa Jireenyaa weellisa Naggasaa Abdi fi Xiyyeeffannoo Sirboota Isaa*" kan jedhu yoo ta'u, qorannoon kun  Yuunivarsiitii  Finfinneetti Ulaagaaa digirii  jalqabaa guuttachuuf  kan gaggeeffamedha.

Qorannoo isaa kanas  boqonnaalee afuritti qooduun qo'ateera. Kana malees sirba weellisaa Naggaasaa Abdii irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeesseera.Akkasumas ergaa sirboota isaa qorannoo isaa keessaatti ilaalera. Qorannoon kunis, Galaanaa Gaaromsaa  ergaa isaa xiinxaluun boqonnaalee shanitti  qoodamuun  dhiyaatera. Kanaaf qorannoon kun lamaan gama ergaa xiinxaluutiin kan walfakkaatan yoota'u boqonnaalee itti qoqqoodamanii dhiyaataniin garaagara ta'u.

Garaagarummaan qorannoowwaan kana lamaan gidduu jiru biraan  immoo Sinnishawu seenaa jireenya weellisaa Naggasaa Abdi waliin yoo xiinxalu, qorannoon kun immoo ergaa fi sirbicha keessatti duudhaaleen oromoo tokko tokko haala ittiin dhiyaatan kan ibsudha.

Qorannoon biraa qorannoo Giddumaa Wiliisaatiin bara (2007) tti mata duree *“Xiinxala Ergaa Sirboota kumalaa Addunyaa fi Angaatuu Baalcha*” jedhuun gaggeeffamedha. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digiriijalqaba guuttachuufidha. Boqonnaalee shanitti qoodamuun kan dhiiyate yoo ta’u, ergaa sirboota Kumalaa Addunyaafi Angaatuu Baalchaa kan xiinxaludha.Qorannoo kana waliin wanti isa wal fakkeessu, qorannoon kun lamaanuu ergaa sirbootaa xiinxaluu irratti xiyyeeffachuu isaaniifi lamaan isaaniyyuu boqonnaalee shanitti qoodamuun kan dhiyaatanidha. Garaagarummaan isaanii immoo qabiyyee sirbaa isaan xiinxalanidha.

Qorannoon biraa qorannoo kana waliin wal fakkaatu qorannoo Daani’eel Nagariitiin bara (2011)tti mata duree *“Qaacceessa Seenaa Caalaa Bultumeefi Hojiiwwan Isaa”* Jedhuun gaggeeffamedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan dhiiyaate yoo ta’u, waa’ee hojii weellisaa Caalaa Bultumeefi hojiiwwan isaa qaaccesseera. Qorannoo kana waliin wanti wal isa fakkeessu lamaan isaaniyyuu gooroowwan afoolaa keesssaa waa’ee sirbaa irratti kan xiyyeeffatan yemmuu ta’u, lamaan isaaniiyyuu ergaa sirboota irratti kan xiyyeefatanidha. Garaagarummaan isaanii immoo qorannoon Daani’eeliin dhiyaate waa’ee seenaa weellisichaafi hojiiwwan inni hojjete irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta’u, qorannoon kun immoo ergaa sirba kanaa qofa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatudha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO: SAXAXA QORANNOO

## 3.1. Mala Qorannichaa

Dhimmi ijoo qorannoo kanaa xiinxala ergaa sirba, “Keenya Yeroon” jedhu xiinxaluu ta’a. Qabatama kanaan saxaanni qorannoo kanaa qorataan qorannoo kana galmaan ga'uuf akaakuu qorannoo akkamtaatiin hojiirra ooleera. Sababiin isaas waa’ee aadaa hawaasaa, barsiifata, gochaafi ilaalcha namootni aadaa irratti qaban gadifageenyaan odeeffannoo argachuuf waan gargaaruuf.

## 3.2. Madda Ragaa

Maddi ragaa qorataan qorannoo kanaa dhimma itti ba'e, madda ragaa tokkoffaati. sababi isaa sirba keenya yeroon jedhu waraabbii isaa dhaggeeffacha ijaan ilaalee oddeefannoo barbaachisuu kallattii dhaan kan sassaabamedha.

## 3.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

### 3.3.1. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti gaggeeffame, Sirba weellisaa Yoosaan Geetahuun “Keenya Yeroon” jedhu kan bara 2018 maxxanfame ergaa isaa xiinxaluu dha.

### 3.3.2. Iddatteessuu Qorannichaa

Namoota sirbicha keessatti qooda fudhatan ilaaluun taatee fi gocha sirbicha keessatti argaman irra deddebi’ee ergaa sirbi sun dabarsuu barbaade haalaan xiinxaluu ta’a. Mala iddatteessuu jiran keessaa qorannoo kanaaf mijataa kan ta’e mala iddatteessuu miti carraa keessaa akkaayyooti dhimma ba’uudhaan sirbicha keessaa bifa yaadannoo qabachuutiin sakatta’insa gaggeesseen jira.

### 3.3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorataan qorannoo kana gaggeesse gosoota meeshaalee funaansa raga jiran keessaa sakattaa dookimentiitti dhimma ba'eera. Sababiin isaas waaraabbii sirbichaa ilaalee galmeessuudhaaf waraqaa fi qalamatti dhimma ba'eera

### 3.3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoo maloota funaansa ragaalee irra argame funaananame kan qaacceeffamedha. tartiiba walaloo sirbichaatiin akka gaaffilee ka'umsa jalaatti kaniif deebii kennuu danda'utti ergaa isaa qaacceeffameera.

# BOQONNAA AFUUR: RAGAA XIINXALUU, DHIYEESSUU FI HIIKUU

Kaayyoon waliigala boqonnaa kanaa odeeffannoo kanaaf barbaachisan mala sakatta'a dookumentii dhiyeessuun xiinxaluu fi hiika itti kennuu ta'a. Xiinxalli kunis yoomessa sirba "Keenya Yeroon" jedhu qabuu fi ergaan isaa kan akkamii akka ta'e kan hammateedha.

### 4.1. Xiinxala Odeeffannoo Yoomeessa Sirba "Keenya Yeroon" Jedhuu

Gaaffii sirbi "Keenya Yeroon" jedhuu yoomeessa akkamii keessatti akka sirbamuun walqabatee bifa dookumeentiin ragaaleen funaanamaan haala armaan gadiin xiinxaleera.

#### 4.1.2. Xiinxala Odeeffannoo sakatta'a Dookumeentii

Gaaffi sirbi ''Keenya Yeroon'' jedhuu yoomeessa akkamii keessatti akka sirbamun walqabatee akka ani sirbicha ilaalatteeti yoomeessa garaagaraa keessatti sirbama.innis: bakka cidha, (fuudhaaf heerumaatti), bakka dabootti, (yeroo midhaan haamanii fi calleessa) bakka tikaatti ijoolleen sirbuu ni dandeessi, yeroo biyyarraafagaatani jiraatan, sirba gootummaaf sirbamu irratti, fi kkf irratti sirbamuu ni dandaa'a.. Akka anni irra deddebi'ee sirbicha ilaalateetti yoomeessa akkasi keessatti sirbamuu qaba jedhamee waanti daanga'e hin jiru. Sababnii isaa namni kamiyyu bakka barbaade fi yeroo fedheetti sirbicha dhaggeeffachuu danda'a waan ta'eef.

### 4. 2. Xiinxala Hiika Sirba" Keenya Yeroon" Jedhuu

#### 4. 2. 1. Xiinxala Hiika Viidiyoo Sirbichaa Fi Aadaa Dhugaatiif Nyaataa

Uummatni Oromoo aaddaa isaa keessatti yeroo ayyaanaa, cidha fuudhaaf heerumaa, yeroo daboon walgargaaru fi yeroo bashannanan aadaa dhugaatii adda addaa ni qabaatu. Dhugaatiin kunis kanneen akka farsoo, daadhii fi araqee fi kan kana fakkaataniidha. Akka viidiyoo sirbichaa irraa arginutti sirba kana irratti dhugaatiin dhihaate Farsoo fi Araqee yoo ta'u daadhii dhuguuf humnaa oliif kan ta'eefi Dhugu qaama biraa akka ta'e hubanna. Midhaan nyaataas ilaalchisee xaafii adii kan qotan ta'ullee kan nyaatan xaafii diimaa ta'uusaa agarsiisa. Kanas ta'e sanas, Namootni sirba kana irratti hirmaatan keessoon isaanii ituu gubatuu aaddaa sirba isaanii agarsiifatu.

Suuraalee viidiyoo irratti mul'atan irraa yoo kaanu, naannoon sirbichi itti sirbame yeroo ilaalluu qee'ee qotee bulaa miidhagduu, magariisaa hawwattuu kan taate ta'uu ishee,garuu qabeenya isheetti sirriitti kan hin fayyadamne ta'uu ishee hubanna. Kun immoo kan agarsiisu oromiyaan miidhagduu, hawwattuu fi magariisa waan taateef halagaan irraa nyaachuudhaaf baay'ee itti

roorrisaa turtee fi miidhaa guddaan irra gahaa kan ture ta’uu isaati. Kana malees, qabeenya ishee alagaan irraa saammachaa kan turteefi ummatni Oromoo ofii agabuu bulaa

Orma nyaachisaa kan turtee, ofiif midhaan eelee irratti unkurtee kan nyaataa turte fi oomisha qonnaa kanneen akka xaafii gabbaraan ormi irraa saammachaa kan turtee fi fayyadamtuu akka hin turre agarsiisa. Rakkoon hammaataan kun irra gahuu kan danda’eefis uummatni Oromoo dhiibbaa alagaatiin laga, qomoo fi gandaan walqoodee addaan bittinnaa’uu isaatiin kan ka’e diinni itti fayyadamuu akka danda’uuf karaa saaqeefii jira.

Suuraa viidoyoo kanaarraa biddeenni si’a sadii tolchamuu isaa argina. Biddeenni jalqaba tolchame eeleen baasuu didee iddoo hedduutti caccabuu isaa argina. Kanarra kan hubannu eeleen sun biddena sirriitti akka baasuuf tajaajila inni barbaadu sirriitti guutamuufi waan dhabeef biddeenni akka caccabuuf sababa ta’uu isaa hubanna. Haala kana jiruu fi jireenya hawaasa Oromoo wajjin walqabsiifnee yoo ilaallu uummatni Oromoo bara dheeraadhaaf tokkummaa isaa dhabee shira alagaan xaxxuutti saxilamee garaa gara faca’eetajaajila argachuuf malu ituu hin argatin addaan bittinnaa’ee tuyuu isaa agarsiisa.

Biddeen marsaa lammaaffaa irratti tolchame yoo ilaallu eelee sanaaf hamma dandaa’ametti suphaan godhamee tajaajila irraa barbaadamu akka kennuuf yaaliin godhamuu isaa hubanna. Haaluma kanaan Biddeena marsaa tokkoffaa irratti tolchame irra inni marsaa lammaffaa irratti tolchame kan fooyyee qabu ta’uu isaa agarsiisa.Haata’u malee biddeena gaarii barbaadnu ammallee argachuun hin dandaa’amne. Haaluma kanaan rakkoo ummata Oromoon walbira qabnee yoo ilaallu garaagarummaa hawaasa Oromoo gidduu jiru dhiphisuudhaaf yookiin hambisuudhaaf hawaasni keenyaa fi beektotni rakkoo kana furuudhaaf yaalii guddaa gochaa yoo turaniyyuu hamma tokko fooyya’iinsi argamuu isaa mallattoon tokko tokko ni agarsiisa.Haata’u malee hanga yoonaatti furmaata waaraa fiduun kan hin dandaa’amne ta’uu isaa fi gara fuulduraatti rakkoo kana furuudhaaf hojii guddaan akka eeggatu irraa hubanna.

Eelee biddeenaa marsaa sadaffaa irratti biddeenni itti tolchame yoo ilaallu biddeenni eelee sanarraa bahe biddeena marsaa lamaan tolchame irra baay’ee gaarii kan ta’etu argame. Kunis ta’uu kan danda’e eelee suphuun itti rakkachaa kan turan guutummaa guutuutti jijjiiruun haaraan waanbakka bu’eef biddeena gaarii argachuun danda’ameera. Kanarraa kan hubannuu hawaasni keenya bara dheerraadhaaf addaan walqoqqoodee sadarkaa bittinnaa’uu irra gahee ture yeroo ammaa kaabaa fi kibbaa, bahaa fi lixaan tokkummaa isaa cimsatee yeroo kamiyyuu caalaa of

baree ergama diina isaa kan cabsee fi kan kanaan duraa caalaa walitti dhufeenya gaarii kan qabu ta’uu agarsiisa.

Seenaa eelee biddeenaa kana haala jijjiirama biyya keenya keessatti dhufaa jiruun walbira qabnee ilaaluun ni danda’ama. Kunis biyyi keenya Itoophiyaan rakkoo bulchiinsaa fi bulchiinsa gaarii baay’ee hammaataa ta’e baachaa kan turte ta’uun ishee beekamaadha. Mootummootni darban uummata biyyatti hacuucuun qabeenya biyyatti saamuun biyyaa qorqaa waan turaniif uummataa wajjin garaa fi dugdda ta’anii bara dheeraaf turaniiru. Uummatni immoo aangoo isaan seera malee itti fayyadaman harkaa mulquudhaaf qabsoo bara dheeraa gochaa turaniin gatii guddaa kaffalaa turaniiru. Keessumaa qeerroo fi qarreen Oromoo lubbuu isaanii fi qaama isaanii dhabanii. Haata’u malee mootummaan mormii ummatni yeroo adda addaa kaasu qabbaneessuudhaaf jijjiirama siyaasaa fiduudhaaf yaalii gochaa akka ture hubanna. Haata’u malee jijjiirama waaraa fiduu hin dandeenye. Kunis kan agarsiisu akkuma eelee biddeenichaa mootummaan kun waan hawaasa kanaaf barbaachisu sirriitti hubatee deebii sirrii ta’e kennuu irra umurii dheereffachuuf jecha aangoo irra turuudhaaf waan xixiqqoo fooyyessuun suphaa siyaasaa gochaa turaniiru. Kunis hawaasa biratti fudhatama hin arganne. Haata’u malee haala yeroo ammaa keessa jirruun walbira qabnee yoo ilaallu, mootummaan amma biyya bulchaa jiru jijjiirama waaraa fiduudhaaf hojii gaarii fi qabatamaa ta’e uummata biratti fudhatama qabu hojjetaa kan jiru fi aanga’oota mootummaa kanaan dura ummata saamaa turan gara seeraatti fiduun tarkaanfii fudhachaa jira. Garaagarummaa sabaa fi sablammii gidduu jiru dhiphisuudhaaf tokkummaa biyyoolessaa walqixxummaa irratti hunadaa’e uumuudhaaf tattaaffii guddaa giochaa jira.Walumaa galatti mootummaan yeroo ammaa fedhii uummataa irratti hundaa’uudhaan mootummaa abbaa irree irraa gara mootummaa dimokiraatawaatti ce’uudhaaf imala garii jalqabee kan jiru ta’uu isaa hubanna.

#### 4. 2. 2 Xiinxala qabiyyee Walaloo Sirbicharratti Dhihaatan

Dammoolee dammoolee,(2)

Hoo yaantaalaa   irraa lasha godhi.

Dammoolee dammoolee (2)

Hoo yaantaalaa   irraa lasha godhi

Dammoolee hoodhu dhugaa fudhu,

Hoo yaadammee irraa lash godhi.

Dammoolee haqatu sibeela'ee,

Hoo yaantaloo irraa lash godhi.

Dammoolee Keenya Yeroon keenya,

Hoo yaadammoolee irraa lash godhi.

Dammoolee rabbit nuun gahee,

Hoo yaantalaa irraa lash godhi.

Kash godhi, kash godhi, godhii.

Haadha soolanee yaadha soolanee (2)

Biyya abbaa ofii sossoneeffannee,

Beela cabsinee quufa faarsinee,

Quufa faarsi mee.(2)

Yaadha soolanee yaadha soolanee,

Biyya jaalalaa keessa gulufnee,

Yaadha soolanee, yaadaha soolanee,

Quufa faarsinaa quufa faarsimee.(2)

Ohoo ehee yaa shorooroo afaan dammaa,

Salphoo soqolattee,

Yaa shorooro afaan dammaa,

Ohoo ehee yaa shorooroo afaan dammaa.

Nuffinaan hin toltuu.

Yaa shorooro afaan dammaa.

Nuti jettu malee,

Yaa shorooro afaan dammaa.

Miti siin hin jettuu.

Yaa shorooro afaan dammaa.

Dhangaa qooda saree- booree fixxee-fixxee(3)

Abbaatu of dagatee –booree fixxee-fixxee(3)

Dammoolee dammoolee,(2)

Hoo yaadammee, irraa lash godhi.

Dammoolee dammoolee,(2)

Hoo yaadammee, irraa lash godhi.

Dammoolee kormi bobookkisee,

Hoo yaadammee, irraa lash godhi.

Dammoolee foolleen fofoollattee,

Hoo yaantaloo-irraa lash godhi.

Dammoolee noor yaabbaa biyyaa.

Hoo yaadammee irraa lash godhi.

Dammoolee biyyatu si yaammate.

Kash godhi.kash godhi,

Kash godhii, kash godhi godhii.

Yaadha soolalee yaadha soolanee,

Biyya abbaa ofii sossoneeffamee,

Beelala cabsinee, quufa faarsinaa, quufa farsimee.

Yaadha soolalee yaadha soolanee.

Biyyaq jaalalaa keessa gulufnee,

Yaadha soolalee yaadha soolanee.

Quufa faarsinaa quufa faarsimee.(2)

Ohoo ehee yaa shan nyaataa akkam taataaa?(2)

Barri dhugaan dhufee yaa shan nyaataa.

Barri dharaa darbee yaa shan nyaataa akkam taata?

Ohoo ehee yaa shan nyaataa akkam taataaa?(2)

Cooma muruu bartee, Yaa shan nyaataa akkam taataa?

Ohoo ehee yaa shan nyaataa akkam taataaa?(2)

Aannan dhuguu bartee, yaa shan nyaataa akkam taataa?

Ohoo ehee yaa shan nyaataa akkam taataaa?(2

Dhangaa qooda saree booree fixxee-fixxee-fixxee.

Abbaatu of dagate fixxee booree fixxee (3)

#### 4.2.3. Xiinxala Hiika Walaloo Sirbichaa

Afoolli dubbii afaanii fi sochii qaamaatiin dabaalamee dhalootaa dhalootatti kan darbu duudhaa hawaasa tokkooti. Akkuma beekamu afoolli gosa hedduu qaba kanneen keessaa tokko sirba. Sirba bakka lamatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya.

Isaanis:

- Sirba aadaa fi
- Sirba ammayyaa jennee adda baasuu ni dandeenya.

Sirbi aadaa bara durii meeshaalee aadaatiin qindaa'ee kan dhihaatu yoota'u sirba ammayyaa immoo hundee aadaa saba isaa ituu hin gadhiisin meeshaalee ammayyaa fi sochii qaamaa ammayya'aa ta'een dabaalamee kan dhihaatuu dha. Haaluma kanaan sirba weellisaa Yoosaan Geetahuun "Keenya Yeroon" jedhu yeroo ilaallu sirba aadaa keessatti kan ramadamu ta'a. Sababni isaas meeshaaleen viidi'oo irratti argaman kan aadaa yoo ta'u sirba kana keessatti qaamni hirmaate haalli hurruubummaa isaanii qindoomina kan hin qabnee fi brmaatilee aadaan kan walqabatu ta'uu isaati.Haata'u malee sirbi kun haala qabatamaa biyyi keenya yeroo ammaa keessa jirtu kan agarsiisu ta'uu isaati. Kun immoo gaheen sirbaa sadarkaa hawwaasichi irra gahe, haala jiruu fi jireenya hawaasichaa kan ibsuu fi haala siyaasa hawaasa tokkoo kan ibsuudha. Kanaafuu, sirba weellisaa kanaa akka armaan gadiitti hiikama.

- Jalqaba irratti mata duree sirba kanaa "Keenya Yeroon" jedhu yeroon xiinxalee ilaalu kanaan dura aangoon siyaasaa saba nama hacuucu tokko harka kan jiruu yoo ta'u, yeroo ammaa immoo sadarkaa aangoo siyaasaa harkaa fudhachuun sirna hacuuccaa fi

ukkaamsaa ture sana balleessuunbilisa baanee sirna dimokiraasii ijaaruun akka danda'ame agarsiisa.

- Weellisaan kun jalqabarratti aadaa Oromoo irratti hundaa'uudhaan sirba qeerroon Oromoo tokko shamarree jaal'atuuf sirbeen eegala. Haaluma kanaan walaloo armaan gadii haa ilaallu.

"Hoodhu dhugaa fudhu,

Haqatu si beela'ee.

Keenya Yeroon keenya,"

Rabbitu nuun gahee" kan jedhu argina.

Sirba kanarraa kan hubannu uummatni Oromoo bara dheeraadhaf haqa ituu hawwuu dhabee akka turee fi amma immoo qabsoo bara dheeraa godhee fi gargaarsa rabbiin aangoo harkatti galfachuu keenya kan agarsiisuudha.

- Walaloon itti aanu immoo akkana jedha.

"Biyya abbaa ofii sossoneeffannee,

Beela cabsina quufa faarsinee,

Quufa faarsimee.

Biyya jaalalaa keessa gulufnee,

Quufa faarsinaa quufa faarsimee" kan jedhuudha.

Walaloon kun walaloo armaan dura dhihaatee wajjin kan wal qabatu ta'ee ergaan isaas aadaa fi duudhaa biyya ofiitti fayyadamuun beela balleessinee quufa taasisuun biyya jaalalaa uumneen jireenya mijataa fi yaaddoo hin qabne uumuu akka qabnu agarsiisa.

- Walaloon itti aanu akkasitti dubbifama.

"Saphoo soqolatte,

Nuffinaan hin toltuu,

Nuti jettu malee

Miti siin hin jettuu

Dhangaa qooda saree

Abbaatu of dagatee."

Walaloo kanarraa kan hubannu salphoo soqolatte nuffinaan hin toltu kan jedhu kana afoola Oromoo wajjin walbira qabnee yoo ilaallu Oromoon kabajaa fi ulfina namaaf qaba. Kanneen Oromoof kabaja hin qabneef immoo afoolaan qeeqa. Kunis "Salphoo soqolattee soqolaa gargaaru" jedhee quuqa. Kanarraa kan hubannuu nama kabaja nama biraatiif hin qabnee sossobuun barbaachisaa akka hin taane agarsiisa.

- Walaloon armaan gadii immoo akkana jedha.

"Kormi bobookkisee

Foolleenfoffoollattee,

Nooy yaabbaa biyyaa,

Biyyatu si yaammatee," kan jedhuudha.

Walaloo kanarraa kan hubannuu, kormi bookkisee, foollee fofoollttee kan jedhu kun yeroon isaa bacaqii gannaa irraa gara birraatti bahuu agariisa. Birraan immoo ifaa kan agarsiisuudha.

Karaa biraatiin walaloo kanarraa kan hubannu haala siyaasaa biyyi keenya yeroo ammaa keessa jirtuu kan agarsiisuudha.Kunis qeerroon wabii biyyaa fi gaachana biyyaa ta'uu isaa agarsiisa.

- Walaloon itti aanu immoo akkana jedha.

"Barri dhugaa dhufee,

Barri dharaa darbee,

Cooma muruu bartee,

Aannan dhuguu bartee,

Yaa shan nyaataa, akkam taataa?"

Walaloo kanarraas kan hubannu kanaan dura qaamni biyya bulchu ofii cooma muraa, aannan dhugaa jireenya gaarii jiraachaa kan turan ta'uu isaanii agarsiisa.

Karaa biraatiin immoo aanga'ootni kanaan dura biyyaa miidhaa turan ofii isaaniitii cooma muraa aannan dhugaa uummata Oromoo garaa duwwaa beelaan waxalamaa jiru abdii sobaatiin bor siif darbaa jedhanii gowwomsuudhaan jireenya gadadoo keessatti akka hafan gochuu isaanii

agarsiisa. Sirbi weellisaa Yoosaan Geetahuun kun ergaa mul’ataa fi dhokataa kan qabu ta’uu isaa hubannaa.

Waluumaa galatti sirbi agarsiistuu aadaa saba tokkooti. Sirbi dammaqisituu yookiin sochooftuu hawaasa tokkooti. Kunis kan agarsiisu hawwasn tokko gaddaa fi gammachuu isaa, jaalalaa fi jibba isaa kan agarsiisu waan ta’eef qabeenya uummataati. Kanaafuu, sirba Keenya Yeroon jedhu gadifageenyaan qalbifannee yeroo ilaallu ergaa cimaa fi kan hawaasa barsiisu ta’uu isaa hubanna.

### 4. 3. Faayidaa

Sirbi keenya yeroon jedhu kan weellisaa Yoosaan Geetahuuniin sirbame Faayidaa heduu qaba. Faayidaa isaa keessa muraasni : Eenyummaa hawwaasichaa ibsuufi jijjiiramaa haala siyaasaa agarsuudha.

#### 4. 3. 1. Eenyummaa Hawwaasichaa ibsuu

Sirbaa kana keessatti eenyummaa hawaasa waantoota garaa garaaiin agarsiifameera. kunis sirbicha keessatti haala shubbisaa fi nyaataatiin agarsiifamee jira. shubbisni achi keessatti mullatu dhiichiisaa fi shoboxee kan qabu yoo tahu, shubbisoota kutaa haawasni oromoo ittiin qoqqoodamu keessaa kan tuulamaa akka ta'e agarsiisa. Haalli nyaataa fi dhugaati achi keessatti mullatanis eenyummaa hawwaasichaa kan mullisuudha. fakkeenyaaf nyaanni foon guggubanii baala warqeerratti naqanii nyaatan duudhaa hawwaasichaa kan agarsiisuudha

#### 4 . 3. 2 Jijjiiramaa Siyaasaa Agarsiisa

Jijjiiramni siyaasaa oromiyaa keessatti mullate sirba kanaan ibsamee jira. kunis eeleen jijjiiramuun buddeenni utuu hin citin aka tolfamu gochuun kan agarsiisu siyaasaa keessatti kan darbee fi kan haaraa mullate wal bira qabee wal madaalchisuuf oola. Akkasumas buufanni sirbichaa kan : Keenya yeroon keenya kan jedhu

Hoodhu dhugaa fudhu,
Haqatu si beela'ee.
Keenya Yeroon keenya,
Rabbitu nuun ghee kan jedhu argina

miiidha fi saamicha bulchitoonni darban uummaticharraan ga'aa turan bifa ceephootiin ibsuuf kan fayyadeedha.

Barri dhugaa dhufee,

Barri dharaa darbee,

Annan dhuguu bartee,

Yaa shan nyaataa, akkam taataa?

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Afoolli kan dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu ta'ee, kan uummanni Oromoo haala jiruu fi jireenyaa isaa, seenaa isaa akkasumas, eenyummaa saa kan ittin ibsatu hamba seenaati. Kana malees, afoolli seenaa darbe kan itti yaadatan, beekumsa kan ittin waliif dabarsanii fi jireenya dhugaa hawaasa keessa jiruu kan Itti caiaqqisaniidha.

Afoolli Oromoo kun immoo dameewwan garaagaraa of keessa qaba. Dameewwan kunis hibboo, geerarsa, mammaaksa, faaruu, sirbootaa fi kan kanaa fakkaatanidha. Haaluma kanaan gosa sirba keessa tokko kan ta'ee fi uummata Oromoo biratti jaallatamaa kan ta'e ergaa sirba'' keenya yeeron" jedhuu kan weellisaa Yoosaan Geetahuun bara 2018 maxxanfame irratti qorannoo gaggeeffameedha. Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame mala qorannoo akkamtaati. Malli iddatteessu qorataan kun dhimma itti ba'e mala iddatteessu miti carraa ammargeetti .Maddi raga qorannoo kanaas madda ragaa sadarkaa tokkooffaati. Kunis wantoota sirbicha keessatti arganan irra daddeebi'ee dhaggeeffachu fi ilaallun ta'a. Meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a dookumeentti ti.

Sirbi Keenya Yeroon jedhuu uummata Oromoo biraati kabaaja fi jaalalaa gudda kan qabuu fi dhugaa hawaasa keessa jirru maal akka fakkaatu kan ibsu dha. Sirbichaa kanaans weellisaan sababa garaagaraa irraa kaa'uun kan sirbeedha. Sababoonni kunis yemmuu dirree waraanaa deeman biyya ofi ittin yaadachuuf, dhiibbaa kanaan duraa turee fi haalli amma jiruu maal akka fakkaatuu kan ibsuudha. Akka ragaatti akka ani sirbicha ilaaletti namni kamiyuu bakka barbaadetti sirbuuakka danda'uu fi yoomessa garaagaraa keessatti sirbamuu akka danda'u kan ibsuudha. Haata'u malee, yeroo ammaa kana hambaa seenaa uummata Oromoo kan ta'e sirbi Keenya Yeroon jedhu sadarkaa inni itti argamu ol'aanaadha. Sababni isaas sirbi kun haala inni itti mul'achaa jiru keessaa tokko dinagdee, hawwaasummaa, siyaasaa fi haala jiruu fi jireenya hawaasa sanaa waan ibsuufi. Kanaafuu, qorataan kun sirbichi akka hin banneef hawaasni akkaeeggatu fi dhalootaa dhalootatti akka darbu gochuuf.

Sirbi Keenya Yeroon jedhu kun iddoowwan garaagaraatti sirbamuu nidanda'a. Iddoowwan kunis: bakka cidaatti, bakka tikaatti, bakka dabootti kkf itti sibamuu ni danda'a. Kanaafuu, hawaasn Oromoo hundi sirba kana kunuunfatee dhaloota dhufuuf dabrsuu qaba.

### 5. 1. Argannoo

Qorannoo kana galmaan gahuuf tattaaffii taasifameen bu'aan qorannoo kanaa argamee jira. Kanarraa ka'uudhaan gaaffiileen ka'umsa qorannoo kana keessatti ka'an deebii argatanii jiru. Isaanis Sirbi yeroon keenya jedhu ergaa inni qabu xiinxala walaloo sirbichaa irratti ibsamee jira. Akkasumas sirbi kun yoomessa akkamii keessa darba gaaffii jedhuuf beebii argateera. Innis sirbi kun yoomessainni keessa darbuu danda'u yeroo cidha, yeroo midhaan haamanu, yeroo booreen namatti galu yookiin dhiibbaa alagaa jalaa bahuuf hawaasa kakaasuudhaafi kkf irratti ta'uun isaa beebii argateera.

### 5. 2. Yaboo

Hawaasa tokko keessatti Sirbi iddoo guddaaqaba. Hawaasni kamiyyuu gaddaa fi gammachuu isaa, jibbaa fi jaalala akkasumas yeroo roorroon irra gahu haaluma rakkoo qunnameen kan ittiin beeksifatuudha. Kanaafuu, hawaasni keenya sirboota kanaa fi kkf akka eeggatuuf yaada furmaataa akka armaan gadiitti kaa'eera.

- Sirbootni aadaa hawaasa keenyaaf faayidaa guddaa waan qabaniif qorannoon waltti qabuun dhalootaa dhalootatti akka darbu gochuuf barreeffamaan ol kaa'uu barbaachisa.
- Biiroon aadaa fi tuuriizimii oromiyaa sirboota aadaas ta'e kan ammayyaa walitti qabee dhaloota dhufuuf akka darbu gochuu qaba.
- Guddinaa fi dagaagina hawaasa tokkoo keessatti sirbi gahee guddaa waan qabuuf mootummaan artiistota keenya jajjabeessuun deggeruu qaba.
- Giddugalli aadaa godinaalee irratti dhaabbatee hojiin aartii akka babal'atu gochuu ta'a.
- Walumaagalatti sirbi hawaasa tokko keessatti ergaa guddaa waan dabarsuuf dagaagina sirba kanaaf mootummaan, abbootiin qabeenyaa fi namootni dhuunfaa akkasumas hawaasni bal'aan deggersa barbaachisaa ta'e akka godhaniif nan hubachiisa.

# Wabii

Dirribaa Tarrafaa. (1998). Barruulee Qormaata Waltaina Afaan Oromoo. Finfinnee: Commercial Printing Press.

Finnega R. (1997). Oral Literature in Africa. Oxford: Oxford Unkersity Press

Getaachoo Rabbiirraa. (2008). Furtuu Serluga Afaan Oromoo Kutaa Sagalii Hangaa Kutaa Kudhanii. Finfinnee: Kuraz International Papulishing Enter Press.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). Sanyii. Finfinnee: Subii Printing Press

Nagarii Leencoo. (1995). Barruulee Waaltinaa Afaan Oromoo Wiirtuu Jiildii. Finfinnee: Biiroo Aadaa fi Beeksisa Oromiyaa

Tafarii Ayyaanaa. (1998). Afaan Oromoo 7-10. Finfinnee: Aster Nega Publishing Enter Press

William. M. (2004). Research Methods (2nd). News Delhi: Himal Printig Press.

**Waraqaa Mirkaneffannaa**

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa ________________________________________________

Mallattoo _________________

Guyyaa-_________________

Maqaa Gorsaa __________________________________________________

Mallattoo______________

Guyyaa ________________